




HAGUUGGII FUULAA GODHACHUUN QABAA?

Haguuggiiwwan fuulaa naannowwan tatamsa'inni hawaasaa jiru keessatti COVID-19 ittisuuf of-eeggannoo dabalataati. Waa'ee gorsawwanii fi ulaagaalee haguuggii fuulaa gorsa bulchiinsa gandaa fi naannoo ilaalaa. Yoo haala fageenya qaamaa eegun rakkisaa ta'e keessa jiraattan, fakkeenyaaf geejjiba uummataa irratti, haguuggii fuulaa godhachuu filachuu maltu.

COVID irraa bilisa ta'anii turuuf:


- Harka keessan dhiqadhaa yookan saanitayizarii fayyadamaa
- Fageenya qaamaa (meetira 1.5) eegaa
- Talaalliwwan COVID-19 keessan waqtaawaa godhaa
- Yoo dhukkubsattanii fi qoratamtan mana turaa.



Yoo haguuggii fuulaa uffachuuf filattan:



Haguuggii fuulaa godhachuu keessan dura harka keessan dhiqadhaa



Funyaanii fi afaan keessan haguuguu isaa akkasumas agacii keessan jala, dildila funyaanii keessan irraa fi cinaawwan fuula keessaniitti sirritti ta'uu isaa mirkaneeffadhaa.



Yeroo uffattan yookan yeroo baafattan fuuldura haguuggii fuulaa hin tuqinaa. Yoo haguuggii tuqxaan, harka keessan battalatti dhiqadhaa yookan saanitayizarii godhadhaa. Haguuggichi fuulaa agacii yookan morma keessan irra akka taa'u hin godhinaa.



Erga haguuggii fuulaa baafattanii booda, harka keessan dhiqadhaa yookan saanitayizarii godhadhaa.



Haguuggii huccuu yeroo hunda erga fayyadamtanii booda yoo xiqqaate guyyaatti al tokko miiccaa.



***Haguuggiiwwan al tokko qofa faayidaarra oolan irra deebin faayidaarra oolu hin qaban akkasumas erga fayyadamtanii booda oggasuma baduu qabu.**

BARBAACHISAA: Namoonni rakkoolee hargansuu dhaabbataa ta'an qaban haguuggii fuulaa fayyadamuun dura gorsa wal'aansa fayyaa gaafachuu qabu.

Odeeffannoo dabalataatif National Coronavirus Helpline dhaf **1800 020 080**, irratti bilbilaa, tajaajiloota afaan hiikatiif **filannoo 8** filadhaa, yookan **www.health.gov.au** daawwadhaa